

# Maal akka ta'u: Akkaataa Bakkeewwan Talaallii kan Mootummaa Naannoo Minnesootaa itti argachuun danda'amu: Barruu

[Seenessa]

Mootummaan Naannoo Minnesootaa bakkeewwan talaallii jiraattota Minnesootaa hundaaf akka mijatutti dhiyeessuuf cichee hojjechaa jira.

Viidiyoon kun yeroo bakkee talaallii hawaasaa isteetaa deemtan maal akka ta'u isinitti agarsiisa.

Bakkee talaallii yemmuu geessan, mallattoo gara bakkee sanaatti ittiin seentan agarsiisu argitu.

Nagaa gaafataan ho'ina qaama keessanii safaruu mala, akkasumas aguugduu fuulaa ykn maaskii keessan akka jijjiirrattaniif ykn isa godhattanii jirtan maaskii qulqulluun akka bakka buuftaniif isin gaafata.

Hojjettoonni keenya yeroo beellama talaallii sanaatti gargaarsa isin barbaachisu waliin wal isin quunnamsiisuu danda'u. Bakkeewwan talaallii isteetaa hundi gargaarsa afaanii ni qabu.

Gaaffii ykn fedhii adda ta'e yoo qabaattan, bakkee sanaaf dursaa bilbilaa.

*[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkoofsa bilbilaa bakkeewwan talaallii argachuuf kana ilaalaa: [mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine/community-vaccination-program/index.jsp](https://mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine/community-vaccination-program/index.jsp).*

Bakkee seensaatti, mirkaneeffannaa beellama keessanii akka agarsiiftaniif gaafatamuu maltu. Innis kan waraqaadhaan baafame ta'uu danda'a, ykn bilbila keessan irraa iimeelii mirkaneeffannaa itti agarsiisuu dandeessu.

Erga seentanii booda, osoo talaallii keessan hin fudhatin dura toora galtanii eeggachuun isin barbaachisuu mala. Yeroo eeggachaa jirtan sanatti barcumni yoo isin barbaachise hojjetaa seensisu sana beeksisaa ykn gaafadhaa.

Yoo neersii qoomnii argittan bira adeemaa. Yoo caalaatti isinii mijata ta'e, bakkee namni hinjirre caalaatti qofaa itti ta'uu dandeessan gaafadhaa.

Yoo inni kun doozii talaallii COVID-19 isa jalqabaati ta'e, narsiin kaardii talaallii isiniif kenna/kenniti. Kaardicha iddoo gaarii kaawwadhaa, yoo doozii lammataa isin barbaachisa ta'e ammoo fidaa kottaa.

Talaallii keessan booda, miidhaawwan maddee qabaachuu ykn dhabuu keessan adda baafachuuf daqiiqaa 15 hanga 30f akka turtaniif ni gaafatamtu.

Yoo isinitti tolaa hinjiru ta'e, hojjettoonni wanta isin gochuu qabdan isiniif ibsu. Hojjettoonni leenji'an kanneen akka neersii ykn teekiniishaanonni wal'aansa yeroo hatattamaa gaaffiiwwan keessan isinii deebisuu fi yoo isinitti tolaa hin jiru ta'e immoo kunuunsa isiniif kennuuf bakkichatti argamu.

Erga daqiiqaa 15n ykn 30n ta'een booda, suburbanite!

MAAL AKKA EEGUUN TA'U: ARGACHUU DANDA'UU BAKKEEWWAN TALAALLII MOOTUMMAA  
NAANNOO MINNESOTA

Yoo akaakuun talaallii isin fudhattan doozii lammaffaa qaba ta'e, dhaha yeroo (lakkooftuu yeroo) keessan irratti beellama qabachuu keessan mirkaneeffadhaa.

Yoo guyyaa isaa hin yaadattan ta'e, hojjetaan bakka sanaa beellama keessan isa lammaffaa isiniif ilaaluu danda'a.

Talaalamuu keessaniif galatoomaa!

Waa'ee bakkeewwan talaallii isteetaa gaaffii yoo qabaattan, marsariitii keenya kana daawwadhaa <https://mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine>.

Minnesota Department of Health  
Communications Office  
PO Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
651-201-4989  
[health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us)  
[www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

5/26/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraaiin argachuuf, kanarratti bilbilaa 651-201-4989*